

DAA'IMMAN OOLMAA DAA'IMMANII JIRAN BARACHUU JAALLATU

Oolmaan daa'immanii maalii?

Oolmaan daa'immanii sagantaa barnootaa daa'immaniif osoo mana barumsaa hin eegaliin dura kennamudha.

Sagantaaleen oolmaa daa'immanii barsiisota sadarkaa digiriitiin eebbfamanii kennama. Oolmaa daa'immanii keessatti daa'imni keessan akka mana barumsaaf qophaa'an isaan gargaaruuf dandeettiwwan barbaachisoo ta'an ni horatu.

Sagantaan oolmaa daa'immanii daa'ima kootiif baay'ee barbaachisaadha?

Daa'imman gara oolmaa daa'immanii seenaan dandeettiwwan barnoota egeree isaaniitiif bu'uura ta'an horatu, kanneen akka dubbisuu, lakkaawuu fi lakkofsota adda baafachuu baruu akkasumas akkamitti akka rakkowwan furuu danda'an baruu. Daa'imni keessan karaa taphaa ni baratu, akka qoranno agarsisutti ijollees barsiisuudhaaf karaa isa filatamaa ta'edha. Oolmaa daa'immanii keessatti daa'imni keessan hiriyootaa haaraa uumuu akkasumas ofitti amanamummaa fi of-danda'uummaa isaanii ijaarratu.

Sagantaalee oolmaa daa'immanii eenyutu dhiyeessaa?

Sagantaaleen oolmaa daa'immanii giddugaloota kunuunsa guyyaa dheeraa akkasumas tajaajiloota oolmaa daa'immanii of-danda'oo ta'an baay'ee isaanii keessatti ni argama.

Oolmaa daa'immanii daa'ima kootiif gaarii ta'e akkamittiin filachuu danda'aa?

Tajaajilichi oolmaa daa'immannii mootummaadhaan deeggaraman yoo ni dhiyeessa ta'an ilaaluun gaariidha – waraqaa ragaa 'Oolmaa daa'immanii Deeggaramoo ta'an' kan tajaajilicha irratti agarsiifaman ilaala.

Mootummaan qulqullina oolmaa daa'immanii hundumaa ni gamaggama akkasumas tajaajiloonni kunuunsa guyyaa dheeraa sirna Hojmaata Qulqullina Biyyolessaa /National Quality Framework/ jedhamu jala jiran hundaaf akkasumas tajaajiloota hundaaf sadarkaa qulqilliinaa kenu.

Tajaajiloonni hundi sadarkaa isaanii agarsiisuu qabu. Tajaajilicha akka agarsiisaniif gaafachuu dandeessu, yookin sadarkaa kenninsaa argatan akka isinitti himaniif gaafadhaa.

Tajaajilichi maatii keessaniif mijataa ta'uu isaa mirkaneessuuf karaan hunda caala fooyya'aa ta'e tajaajiloota kunuunsa guyyaa dheeraa yookin oolmaa daa'immanii daawwachuudha, naannoo sana ilaala akkasumas sagantaaleen oolmaa daa'immanii daa'ima keessaniif maal akka dhiyeessuu danda'an gargaaruudhaaf barsiisota haasofsiisaa.

Daa'imni ko afaan ingiliffaa dubbachuu hin danda'u yoo ta'e hoo?

Barsiisonni oolmaa daa'immanii, daa'imman hunda saganticha keessatti ni dabalu, kanaafuu daa'imman afaan Ingiliffaa hin dubbanes taphachuuf akkasumas akka warra kaaniitti barachuuf carraawan wal-fakkaataa ta'e qabu.

Oolmaan daa'immanii muraasni tarii daa'ima keessan kanneen afaan Ingiliffa hin dubbanne yookin xiqqoo xiqqoo dubbataniif barsiisota afaan lama dubbatan kanneen gargaarsa dabalataa kennuu danda'anis qabaachuu danda'u.

Oolmaan daa'immanii hangam kaffalchiisaa?

EARLY CHILDHOOD EDUCATION

Mootummaan daa'imman hundaaf bara barnootaan duraa keessatti torbeedhaan sa'atiiwwan 15' akka hirmaatanifiif deeggarsa ni dhiyeessa. Tajaajilooni baay'een isaanii deeggarsa mootummaa irratti dabalatee kaffaltii irraa bilisadha.

Maatiiwwan muraasni deeggarsa baasii kaffaltiiwwan dabalataaf gargaaran argachuu danda'u, fakkeenyaaaf maatiiwwan kaardii kunuunsa fayyaa yookin Viisaa namoomaa qabaniif. Odeeffannoo dabalataaf tajaajila oolmaa daa'immanii itti dubbadhaa.

Daa'ima koo oolmaa daa'immanii keessatti akkamittiinan galmeessaa?

Tajaajila oolmaa daa'immanii kan akka daa'imni keessan gara sanatti deeman barbaaddan yoo ni beektu ta'e akka galmeessaniif gaafachuu dandeessu. Mareewwan naannoo baay'een isaanii Sagantawwan Itti Galumsa Oolmaa Daa'immanii Giddu Galeessaa qabu kanaafuu sagantaa oolmaa daa'immanii naannoo keessanii keessatti daa'ima keessan galmeessuuf maree yookin narsii fayyaa daalimaa fi haadhummaa naannoo keessanii qunnamuu dandeessu.

Oolmaan daa'immanii baay'een isaanii bara isa dhufuuf daa'imman walakkaa waggaattii galmeessu. Oolmaan daa'immanii baay'een isaanii tarree dabaree qabu, kanaafuu bakka filattanitti carraa gaarii argachuudhaaf daa'ima keessan hanga danda'ametti galmeessuun yaada gaariidha.

KANA CAALA BARUUF

weebsaayitiwwan

Maatii keessaniif oolmaa daa'immanii sirrii ta'e argachuu irratti gorsa argachuuf:

www.education.vic.gov.au/parents/childcare-kindergarten/Pages/default.aspx

Oolmaa daa'immanii naannoo keessan jiru barbaaduuf:

www.education.vic.gov.au/findaservice/Home.aspx

Bilbila

Kaaba baha Viiktooriyaa	1300 333 231
Kaaba lixaa Viiktooriyaa	1300 338 691
Kibba baha Viiktooriyaa	1300 338 738
Kibba Lixaa Viiktooriyaa	1300 333 232

Afaan keessaniin gargaarsa argachuuf:

- Tajaajila Hiikaa afaanii fi Turjubaanaa Biyyaalessaatiif (TIS) 131 450 irratti bilbilaa
- Lakkoofsa naannoo keessanii irratti bilbiluuf gaafadhaanii (kan armaan olii ilaala)
- Toora bilbilaa irra turuu akkasumas afaan ni hiiku.